- 4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti kan tumame akka kuma jirutti ta'ee, Interpiraayizootni hojii harkaa qaban osoo hin xumuriin hojii biroo irratti dorgomuu hin danda'an.
- 5) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatus, Biirichi sadarkaa kaappitaala ce'umsa Interpiraayizootaa akka biyyaatti bahu irratti hundaa'uun sadarkaa kaappitaala ce'umsa Interpiraayizotaa Naanichaa Qajeelfamaan murteesuu ni danda'a.

26. Haala Dorgommiin Ittiin Gaggeeffamu

Dorgommiin Interpiraayizootaa akkaataa armaan gadiitiin kan raawwatamu ta'a:

- 1) Interpiraayizootaa iddoo hojichi itti hojjatamu keessa jiran hojiifi sadarkaa walfakkaataa ta'e irratti bobba'an gidduutti akkaataa beeksisa bahuutiin waldorgomsisuun ta'a.
- 2) Beeksisni ijaarsaa yookiin tajaajilaa abbaa pirojeektichaatiin bahu dorgommichi Interpiraayizoota qofa kan ilaallatu ta'uu ifa gochuu qaba.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, interpiraayizoota sadarkaa Aanaa, Magaalaa yookiin Godinaa hojichi hojjatamu keessatti argaman waldorgomsiisuun kan raawwatamu ta'ee, ulaagaan dorgommiifi beeksisaa iddoo ifa ta'etti maxxanfamuu qaba.
- 4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 - 3 jalatti kan tumame jiraatus, akkaataa barbaachisummaa isaatti seera faayinaansii eeguudhaan Interpiraayizoonni hojii ijaarsaa, tajaajilaafi bittaa gatii murtaa'een akka hojjatan affeeruun hojjachiisuun ni danda'ama.

- 4) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 3 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፤ በእጃቸው ያለውን ሥራ ሳይጨርሱ በሌላ ሥራ መወዳደር አይችሉም።
- 5) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር የተደነገገው ቢኖርም፤ ቢኖር እንደ በሃገር ደረጃ በሚወጣው የኢንተርፕራይዞች መሸጋገሪያ ካፒታል ደረጃ ላይ በመመሥረት የክልሉ ኢንተርፕራይዞች መሸጋገሪያ ካፒታል ደረጃን በመመሪያ ሊወስን ይችላል።

26. ውድድር የሚደረግበት ሁኔታ

የኢንተርፕራይዞች ውድድር በሚከተለው መሠረት የሚፈጸም ይሆናል፡-

- 1) ሥራው በሚሠራበት ቦታ ላይ በተመሳሳይ ሥራ እና ደረጃ ላይ በተሰማሩ ኢንተርፕራይዞች መካከል በሚወጣው ማስታወቂያ መሠረት በማወዳደር ይሆናል።
- 2) በባለ ፕሮጀክቱ የሚወጣው ማስታወቂያ ውድድሩ ኢንተርፕራይዞችን ብቻ የሚመለከት መሆኑን ግልጽ ማድረግ አለበት።
- 3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ሥራው በሚሠራበት ወረዳ፣ ከተማ ወይም ዞን ውስጥ የሚገኙ ኢንተርፕራይዞችን በማወዳደር የሚፈጸም ሆኖ የመወዳደሪያው መሥራርት ግልጽ በሆነ ቦታ መለጠፍ አለበት።
- 4) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 - 3 ሥር የተደነገገው ቢኖርም፤ እንዳስፈላጊነቱ የፋናንስ ሕግን በመጠበቅ የኢንተርፕራይዞች ግንባታ ሥራ፣ አገልግሎት እና ግዢ በተወሰነ ዋጋ እንዲፈጽሙ በመጋበዝ ማሠራት ይቻላል።

- 4) Without prejudice to the provision under Sub Article 3 of this Article, the Enterprises shall not compete on other work without completing the work at its hand.
- 5) Notwithstanding to the provision under Sub Article 1 of this Article, the Bureau may determine the level of capital for transition of Enterprises of the region in Directive based on the level of capital for transition of Enterprises to be issued at national level.

26. Manner of Conducting Competition

Competition of Enterprises shall be performed in the following manner:

- 1) By conducting competition amongst the Enterprises found in which the work or project is performed which are engaged in similar work and level as per the notice to be issued.
- 2) The construction or service notice to be issued by the owner of the project shall make clear as the competition concerns only Enterprises.
- 3) Without prejudice to the provision under Sub Article 1 of this Article, it shall be implemented by competing the District, City or Zonal level Enterprises found in which the work or project is performed; and the competition and notification criteria shall be posted at a clearly visible area.
- 4) Notwithstanding to the provision under Sub Articles 1 - 3 of this Article, as may deem necessary, by observing finance laws, it may be possible to invite and make the Enterprises to undertake construction, service delivery and procurement works in predetermined or fixed prices.

- 5) Interpiraayizoonni maayikiroo, xixiqqaafi giddugaleessaa hojiif affeeramaniifi kanneen dorgomuuf dhiyaatan dorgommii irratti hirmaachuu kan danda'an herrega isaanii bara baraan oodiitii kan taasisaniifi hojii harkaa qaban xumuruun kan ragaa raawwii hojii gaarii harkaa qaban ta'uu qabu.
- 6) Pirojektii hojjetamu ilaalchisee qorannoo gabaa wayiitawaa Abbaa Taayitaa konistiraakshinii sadarkaan jiruufi Abbaa pirojektichaa waliin ta'uun qorataanii dhiyeessaniin gatii murtaawaan kan murtaa'uu ta'a.
- 7) Raawwiin Keewwata kanaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'uu ta'a.

27. Wabummaa Kabachiisa Caalbaasii

- 1) Interpiraayizii maayikiroon dorgommii caalbaasiif hanga yeroo 2ffaa fi interpiraayizii xixiqqaan yeroo 1ffaatiif dhiyaatu kamiyyuu wabummaa kabachiisa caalbaasii dhiyeessuuf hin dirqaman.
- 2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, interpiraayizii xixiqqaan yeroo 2ffaa fi isaa ol, Interpiraayizii maayikiroon yeroo 3ffaa fi isaa ol dorgommiif dhiyaatu kabachiisa caalbaasii dhiyeeffachuuf dirqama qabu.
- 3) Interpiraayiziin gidugaleessaa wabummaa kabachiisa caalbaasii dhiyeessuudhaaf dirqama qaba.

28. Akkaataa Kaffaltiin Duraa Itti Raawwatamu

- 1) Intarpirayizoota maayikiroofi xixiqqaa hojii irratti dorgomanii moo'ataniif Wabii Baankii fi Inshuraansii dhiyeessuuf osoo hin dirqamiin kaffaltiin duraa akkaataa Seera faayinaansiifi waliigaltee ijaarsaatiin gatii waliigalaa keessaa % 20 ni kaffalamaaf.

- 5) ለሥራ የተጋብዙ እና ለመወዳደር የቀረቡ ማይክሮ፣ ጥቃቅን እና መካከለኛ ኢንተርፕራይዞች በውድድሩ መሳተፍ የሚችሉት በየአመቱ ሂሳባቸውን ኦዲት የሚያስደርጉ እና በእጃቸው ያለውን ሥራ በመጨረስ ጥሩ የሥራ አፈጻጸም ማስረጃ በእጃቸው ያላቸው መሆን አለባቸው።
- 6) የሚሠራውን ፕሮጀክት በማስመልከት ጊዜውን የጠበቀ የገበያ ጥናት በየደረጃው ባለው የኮንስትራክሽን ባለሥልጣን እና ከባለ ፕሮጀክቱ ጋር በመሆን ባቀረቡት ጥናት በተወሰነ ዋጋ የሚወሰን ይሆናል።
- 7) የዚህ አንቀጽ አፈጻጸም በሚወጣው መመሪያ የሚወሰን ይሆናል።

27. የጨረታ ማስከበሪያ ዋስትና

- 1) ማንኛውም እስከ 2ኛ ጊዜ ለጨረታ ውድድር የሚቀርብ ማይክሮ ኢንተርፕራይዝ እና ለ1ኛ ጊዜ የሚቀርብ ጥቃቅን ኢንተርፕራይዝ የጨረታውን ማስከበሪያ ዋስትና ለማቅረብ አይገደድም።
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር የተገለጸው እንደተጠበቀ ሆኖ፣ ለ2ኛ ጊዜ እና ከዚያ በላይ ለውድድር የሚቀርቡ ጥቃቅን ኢንተርፕራይዞች እና ለ3ኛ ጊዜ እና ከዚያ በላይ ለውድድር የሚቀርቡ ማይክሮ ኢንተርፕራይዞች የጨረታ ማስከበሪያ ዋስትና የማቅረብ ግድታ አለባቸው።
- 3) መካከለኛ ኢንተርፕራይዝ የጨረታ ማስከበሪያ ዋስትና የማቅረብ ግድታ አለባቸው።

28. ቅድመ ክፍያ የሚፈጸምበት ሁኔታ

- 1) የማይክሮ እና ጥቃቅን ኢንተርፕራይዞች ተወዳድረው ባሸነፉት ሥራ ላይ የባንክ ዋስትና እና ኢንሹራንስ ለማቅረብ ሳይገደዱ ቅድመ ክፍያ በፋይናንስ ህግና በግንባታ ውል መሰረት ከጠቅላላ ዋጋ ውስጥ 20 ፕሮሰንት ይከፈላቸዋል።

- 5) Among the micro, small and medium Enterprises which are invited for work and are present for competition, only those which make their accounts audited annually and those holding better work performance certificate ascertaining their successful completion of the work at their hands shall participate on such competition.
- 6) Regarding the project to be undertaken, fixed price/cost shall be determined for it based on the current market analysis conducted by the Construction Authority found at each hierarchy in collaboration with the project owner.
- 7) Implementation particulars of this Article shall be determined by the Directive to be issued.

27. Collateral Attached as Security for Bid

- 1) Any micro Enterprise present for bid competition for up to 2nd time, and the small Enterprise presented for the 1st time shall not be obliged to present bond securing the bid.
- 2) Without prejudice to the provision under Sub Article 1 of this Article, the small Enterprise presentfor bid competition for 2nd and more times andthe micro Enterprise presentfor bid competition for 3rd and more times is obliged to present bond securing the bid.
- 3) Medium Enterprise is obliged to present bond securing the bid.

28. Manner of Performing Down Payment

- 1) For micro and small Enterprises that have competed on a project and won, they shall be paid with down payment 20% of the total price as per the finance laws and contract of construction without the need to present the bank and insurance collateral.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, kaffalti-in duraa raawwatamu herrega baankii addaa maqaa pirojektichaatiin banamu keessa kan taa'u ta'ee mallattoo waliinii abbaa pirojektichaafi Interpiraayizii Maayikiroo yookiin Xixiqqaa hojicha fudhateen kan socho'u ta'a.

Kutaa Shan

Mirgaafi Dirqama Interpiraayizoota

29. Mirga Interpiraayizoota

Interpraayizoonni mirgoota armaan gadii ni qabaatu:

- 1) Tarsiimoo carraa hojii uumuufi ogummaa bu'uura godhachuun waldaadhaan yookiin dhuunfaadhaan damee hojii filatan irratti bobba'uu; fi
- 2) Hojii dhabdootni harka qalleeyyii ta'aniifi kaappitaala ka'umsaa kan hin qabne ta'uun isaanii mirkanaa'e hojii kaappitaala ka'umsaa hin barbaanne irratti dursa argatanii yeroo murtaa'ee gurmaa'uu ni danda'u.
- 3) Yeroon turtii Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti tumame Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

30. Dirqama Interpiraayizootaa

Interpiraayizoonni dirqamoota armaan gadii ni qabaatu:

- 1) Bu'uura seera daldalaatiin waldaan yookiin dhuunfaan gurmaa'uudhaan kaffalaa gibiraa ta'anii galmaa'uu, hayyama hojii daldalaa baafachuufi hayyamiichaas bara baraan haaromsisuu;
- 2) Guyyaa gurmaa'anii hojii jalqaban irraa eegalanii deeggarsa paakeejii kennamuufitti fayyadamuun waggaa 5 keessatti gara guddattuu giddugaleessaatti ce'uu;
- 3) Maallaqa liqiin fudhatan hojii liqeeffataniif qofaaf oolchuufi yeroo waliigalteen taa'e keessatti deebisuu;

2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ የሚፈጸመው ቅድመ ክፍያ በፕሮጀክቱ ስም በተከፈተ የተለየ የሂሳብ ደብተር ውስጥ የሚቀመጥ ሆኖ በባለ ፕሮጀክቱ እና ሥራውን በወሰደው በአነስተኛ ወይም ጥቃቅን ማይክሮ ኢንተርፕራይዝ የሚቀላቀስ ይሆናል።

ክፍል አምስት

የኢንተርፕራይዞች መብትና ግዴታ

29. የኢንተርፕራይዞች መብት

ኢንተርፕራይዞች የሚከተሉት መብቶች ይኖራቸዋል፡-

- 1) የሥራ ዕድል ፈጠራ ስትራቴጂና ሙያን መሠረት በማድረግ በማህበር ወይም በግል በመረጡት የሥራ ዘርፍ ላይ መሰማራት፤ እና
- 2) ደሃ እና መነሻ ካፒታል የሌላቸው መሆናቸው የተረጋገጠ ሥራ አጦች የመነሻ ካፒታል በማይፈልግ ሥራ ላይ ቅድሚያ በማገኘት ለተወሰነ ጊዜ መደራጀት ይችላሉ፤
- 3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 ሥር የተደነገገው የቆይታ ጊዜ በሚወጣ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል።

30. የኢንተርፕራይዞች ግዴታዎች

ኢንተርፕራይዞች የሚከተሉት ግዴታዎች ይኖራቸዋል፡-

- 1) በንግድ ህግ መሠረት በማህበር ወይም በግል በመደራጀት ግብር ከፋይ ሆነው መመዘገብ፤ የንግድ ሥራ ፈቃድ ማውጣት እና ፈቃዱንም በየአመቱ ማሳደስ፤
- 2) በመደራጀት ሥራ ከጀመሩበት ቀን ጀምሮ በሚሰጣቸው የድጋፍ ፓኬጅ በመጠቀም በአምስት አመት ውስጥ ወደ ታዳጊ መካከለኛ መሸጋገር፤
- 3) የተበደሩትን ገንዘብ ለተበደሩት ሥራ ብቻ ማዋል እና በውሉ በተቀመጠው ጊዜ ውስጥ መመለስ፤

2) Without prejudice to the provision under Sub Article 1 of this Article, the down payment to be performed shall be deposited in the special bank account opened in the name of the project; and shall be operated by the joint signature of the project owner and the micro or small Enterprise that has taken the project.

Part Five

Rights and Obligations of Enterprises

29. Rights of Enterprises

The Enterprises shall have the following Rights:

- 1) To engage on the job he has preferred privately or in association based on the job creation and vocational strategy;
- 2) For the poor jobless persons who are proved to have no initial capital, they shall be given priority to be organized for a fixed period on an activity that does not require initial capital;
- 3) The time limit of the provision under Sub Article 1 of this Article shall be determined by the Directive to be issued.

30. Obligations of Enterprises

The Enterprises shall have the following obligations:

- 1) To register as a tax payer privately or being organized in association; to take trade activity license and to renew such license annually;
- 2) To transfer in to developing medium Enterprise within 5 years using the support package provided as of the date that they are registered and start working;
- 3) To use the money they have got in credits only for the task have borrowed and reimburse it within the term fixed in the contract;

- 4) Iddoo hojiidhaaf fudhatan hojii fudhataniif qofa oolchuu-fi yeroon itti fayyadama isaa yammuu xumuramu akkaataa waliigalteetiin qaama dhimmi ilaaluuf deebisuu;
- 5) Hojiin hojjataniifi tajaajilli kennan kamiyyuu qulqullinaan raawwachuu;
- 6) Galmees herregaa guutuufi sirrii ta'e qabaachuufi herrega isaanis yeroo yeroon oodiiiti taasisuu;
- 7) Hojii dhabdoota harka qalleeyyii qusachuu kan hin dandeenye ta'uun isaanii mirkanaa'een alatti Interpiraayizoonni haaraa gurmaa'an liqii argachuudhaaf %10, buleeyyiin immoo %20 qusachuufi kanaafis ragaa qabatamaa dhiyeeffachuu;
- 8) Sheediifi kilaastara kiraan kennameef waggaa 3 hanga 5 qofaaf itti fayyadamuun deebisuu;
- 9) Hojiin irratti gurmaa'an ogummaa kan barbaadu yoo ta'e miseensota keessaa yoo xiqqaate namni tokko ogummaa sana qabaachuu;
- 10) Hojii irratti gurmaa'anii jiran irratti leenjii hojii isaaniitiif barbaachisu yeroo yeroon fudhachuuf dirqama qabu.
- 11) Haalli raawwii Keewwata kanaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

31. Dirqama Abbaa Pirojektii

- 1) Qaamni Pirojekticha abbummaan hojjechiisu dirqamoota armaan gadii ni qabaata:
 - (a) Hojii ijaarsaas ta'ee dhiyeessii tajaajilaa Interpiraayizii kennamu qulqullinaafi sadarkaa isaa eeggatee akka raawwatamu qaama dhimmi ilaallatu waliin to'annoofi hordoffii taasisuu;
 - (b) Akkaataa Keewwata kanaa Keewwata Xiqqaa 1 tiin qaamni pirojekticha hojjachiisu hanqinaaleen mul'atan yoo jiraatan qaama raawwatootaa waliin ta'uun sirreessuu qaba.

- 4) ለሥራ የወሰዱትን ቦታ ለወሰዱበት ሥራ ብቻ ማዋል እና መጠቀሚያ ጊዜው በሚያልቅበት ጊዜ በውሉ መሠረት ለሚመለከተው አካል መመለስ፤
- 5) ማንኛውንም የሚሰሩትን ሥራ እና የሚሰጡትን አገልግሎት በጥራት መፈጸም፤
- 6) ሙሉ እና ትክክል የሆነ የሂሳብ መዝገብ ያላቸው እና ሂሳባቸውንም በየጊዜው አዲት ማስደረግ፤
- 7) ደሃ መሆናቸው ከተረጋገጠላቸው ውጪ አዲስ የተደራጁ ኢንተርፕራይዞች ብድር ለማግኘት 10% ነባሮቹ ደግሞ 20% መቆጠብ ለዚህም ተጨባጭ ማስረጃ ማቅረብ አለባቸው፤
- 8) በኪራይ የተሰጣቸውን ሼድ እና ክለስተር ከ3 እስከ 5 አመት ብቻ በመጠቀም መመለስ፤
- 9) የሚደራጁበት ሥራ ሙያ የሚጠይቅ ከሆነ ከአባላት ውስጥ ቢያንስ አንዱ ይህን ሙያ ሊኖረው ይገባል፤
- 10) በተደራጁበት ሥራ ላይ የሚያስፈልጋቸውን የሥራ ሥልጠና በየጊዜው የመውሰድ ግዴታ አለቸው፤
- 11) የዚህ አንቀጽ አፈጻጸም በሚወጣው መመሪያ የሚወሰን ሆኗል።

31. የባለ ፕሮጀክቱ ግዴታ

- 1) ፕሮጀክቱን በበላይነት የሚያሠራው አካል የሚከተሉት ግዴታዎች ይኖሩታል፡-
 - (ሀ) ለኢንተርፕራይዞች የሚሰጥ የግንባታም ሆነ የአገልግሎት አቅርቦት በጥራት እና ደረጃውን ጠብቆ እንዲፈጸም ከሚመለከተው አካል ጋር ቁጥጥር እና ክትትል ማድረግ፤
 - (ለ) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 መሠረት ፕሮጀክቱን የሚያሠራው አካል የታዩ ጉድለቶች ካሉ ከአስፈጻሚ አካላት ጋር በመሆን ማስተካከል አለበት።

- 4) To use the working place only for the task they have acquired it and handover same to the concerned body as per the contractual agreement up on completion of its use period;
- 5) To accomplish any task they may perform and service they provide in the required quality;
- 6) To have complete and accurate book of accounts and conduct audit of its accounts periodically;
- 7) Except for the poor jobless persons who are proved to have unable to save, so as to get credits, the newly organized Enterprises shall save %10, and the pre-existing ones shall save %20 and to present tangible evidences for this;
- 8) To hand over the sheds and clusters through rent after using them only for 3 to 5 years;
- 9) If the task on which they are organized requires profession or skills at least one of the members of the organization shall hold such profession or skill;
- 10) They bear obligation to take the training necessary for their activity on the task they have been organized;
- 11) Implementation particulars of this Article shall be determined by the Directive to be issued.

31. Obligation of the Project Owner

- 1) The body ensuring the performance of the project being an ownership shall have the following obligations:
 - (a) To make control and following up in collaboration with the concerned body for the construction and service provision activity of the Enterprise to be performed in by fulfilling the required quality and standard;
 - (b) The body leading the performance of the project as per Sub Article 1 of this Article shall correct the existing limitations, if any in collaboration with the executing bodies.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, qaamni pirojeekticha hojjachiisu qaama sadaffaa bakka buufatee to'annoofi hordoffiin akka gaggeeffamu taasisuu ni danda'a.

32. Interpiraayizii Gara Damee Maanufaakchariingii Xixiqqaafi Guddattu Giddugaleessatti Ce'an

- 1) Interpiraayizoota gara damee maanufaakchariingiitti ce'an hojimaata walitti dabarsuu qophaa'uun irratti hundaa'uun walitti dabarsi kan raawwatamu ta'a.
- 2) Interpiraayizoonni xixiqqaan gara guddattu giddugaleessaatti ce'an deeggarsa guutuu sadarkaa guddina isaanii gitu bu'uura imaam-mataafi tarsiimoo misooma Interpiraayiziitiin akka argatan ni taasifama.
- 3) Haallii raawwii Keewwata kanaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

Kutaa Jaha

Hundeeffama, Miseensoota, Aangoofi Hojii Boordii

- 33. Hundeeffama
 - 1) Boordii dhaabbilee Leenjii Biiraa Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa kanaan booda "Boordii" jedhamee kan waamamu Dambii kanaan hundeeffamee jira.
 - 2) Itti waamamni Boordichaa Biiraa Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa Oromiyaatiif ta'a.
 - 3) Dhaabileen Leenjii Barnoota Teekinikaafi Ogummaa Mootummaa ta'an kamiyyuu Boordii hundeeffamuun kan bulan ta'a.

34. Miseensota Boordii

- 1) Boordichi Miseensota armaan gadii ni qabaata:
 - (a) Kantiibaa Magaalaa yookiin Bulchaa Aanaa Walitti qabaa;
 - (b) I/G/Waajjira Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa Magaalaa yookiin Aanaa I/A Walitti Qabaa;
 - (c) I/G Waajjira Mana Qopheessaa Magaalaa yookiin I/G Waajjira Bulchiinsa ... Miseensa;

2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፤ ፕሮጀክቱን የሚያሰራው አካል ሦስተኛ ወገን በመወከል ቁጥጥር እና ክትትል እንዲካሄድ ሊያደርግ ይችላል።

32. ወደ ጥቃቅን እና አዳጊ መካከለኛ ማኑፋክቸሪንግ ዘርፍ የተሸጋገሩ ኢንተርፕራይዞች

- 1) ኢንተርፕራይዞች በሚዘጋጀው የማስተላለፊያ አሰራር ላይ በመመሥረት እርስ በርስ ማስተላለፍ የሚፈጸም ይሆናል።
- 2) ወደ ታዳጊ መካከለኛ ደረጃ የተሸጋገሩ ጥቃቅን ኢንተርፕራይዞች በኢንተርፕራይዝ ልማት ፖሊሲ እና ስትራቴጂ መሠረት የዕድገት ደረጃቸውን የሚመጥን ሙሉ ድጋፍ እንዲያገኙ ይደረጋል።
- 3) የዚህ አንቀጽ አፈጻጸም በሚወጣው መመሪያ የሚወሰን ይሆናል።

ክፍል ስድስት

የቦርድ መቋቋም፣ አባላት፣ ሥልጣንና ተግባር

33. መቋቋም

- 1) የሥራ ዕድል ፈጠራ እና ሙያ ሥልጠና ተቋማት ቦርድ ከዚህ በኋላ "ቦርድ" ተብሎ የሚጠራ በዚህ ደንብ ተቋቁሟል።
- 2) የቦርዱ ተጠሪነት ለኦሮሚያ ሥራ ዕድል ፈጠራ እና ሙያ ቢሮ ይሆናል።
- 3) ማንኛውም የመንግሥት ቴክኒክ እና ሙያ ጎምህርት ሥልጠና የሆኑ ተቋማት በሙሉ በሚቋቋመው ቦርድ የሚተዳደሩ ይሆናል።

34. የቦርድ አባላት

- 1) ቦርዱ የሚከተሉት አባላት ይኖሩታል፡-
 - (ሀ) የከተማ ከንቲባ ወይም የወረዳ አስተዳዳሪ -----ሰብሰቢ፤
 - (ለ) የከተማ ወይም ወረዳ የሥራ ዕድል ፈጠራ እና ሙያ ጽህፈት ቤት ኃላፊ----- ምክትል ሰብሰቢ፤

2) Without prejudice to the provision under Sub Article 1 of this Article, the body leading the performance of the project may represent third party and cause the control and following up to be conducted.

32. For Enterprises Transferred Towards Small and Developing Medium Manufacturing Branch

- 1) For Enterprises Transferred towards Manufacturing Branch interchanging shall be performed based on interchanging working system to be prepared.
- 2) Small transferred towards developing medium shall be made to get the full support package compatible with their level of development in accordance with the development policy and strategies of Enterprises.
- 3) Implementation particulars of this Article shall be determined by the Directive to be issued.

Part Six

Establishment, Members, Power and Duties of Board

- 33. Establishment
 - 1) Board of the Job Opportunity Creation and Skills Training Institutions, hereinafter called "Board" is hereby established by this Regulation.
 - 2) Accountability of the Board shall be to the Job Opportunity Creation and Skills Bureau of Oromia.
 - 3) Every Technical and Vocational Training Education Institution of the Government shall be administered by the Board to be established.

34. Members of the Board

- 1) The Board shall have the following members:
 - (a) Mayor of the City or District Administrator-----Chairperson;
 - (b) Head of City or District Job Opportunity Creation and Skills Office-----Deputy Chairperson;

- (d) I/G/Waajjira Barnootaa Magaalaa yookiin Aanaa Miseensa;
 - (e) I/G Waajjira Dhimmaa Hojjeetaafi Hawwasummaa Magaalaa yookiin Aanaa..... Miseensa;
 - (f) I/G Waajjiira Aadaafi Turizimii Magaala yookiin Aanaa Miseensa;
 - (g) I/G Waajjira Paabilik Sarvisiifi misooma Qabeenya namaa Magaala yookiin Aanaa Miseensa;
 - (h) I/G/Waajjira Maallaqaa Magaalaa yookiin Aanaa Miseensa;
 - (i) Diinii Dhaabbilee Leenjii Miseensaafi Barreessaa;
 - (j) Bakka Bu'aa Interpiraayizootaa Miseensa.
- 2) Bakka Dhaabbileen leenjii tokkoo ol jiranitti Diiniin dhaabbilee leenjii hundi miseensa ta'u.
35. Aangoofi Hojii Boordii Boordichi Aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:
- 1) Pooliteekinikii, Kollejjii yookiin Dhaabbilee Barnoota Leenjii Teekinikaafi Ogummaa ni bulcha; hojiirra oolmaa leenjii bu'aa irratti xiyyeeffate ni hooggana;
 - 2) Karoora hojii ni qopheessa; raawwii isaa ni madaala;
 - 3) Karoora hojii isaafi Chaartarii Lammiilee Dhaabbilee Leenjiitiin qopha'e ni mirkaneessa; raawwii isaas ni deeggara; ni hordofa; ni madaala;
 - 4) Qorannoon fedhii gabaa hojii leenjii duraa akka gaggeeffamu haala ni mijeessa; ni deeggara; ni hordofa; bu'a qorannoo fedhii gabaa hojii xiinxalee ni mirkaneessa; hojiirra ni oolcha; akka oluus ni taasisa;
 - 5) Leenjifamtoonni leenjii xumuran hojitti akka galan ni taasisa;

- (ሐ) የከተማ መዘጋጃ ጽ/ቤት ወይም የመስተዳድር ጽሕፈት ቤት ኃላፊ-----አባል፤
 - (መ) የከተማ ወይም ወረዳ ትምህርት ጽ/ቤት ኃላፊ-----አባል፤
 - (ሠ) የከተማ ወይም ወረዳ የሥራተኛ እና ማህበራዊ ጉዳይ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ-----አባል፤
 - (ረ) የከተማ ወይም ወረዳ ባህል እና ቱሪዝም ጽ/ቤት ኃላፊ-----አባል፤
 - (ሰ) የከተማ ወይም ወረዳ የሰው ሀብት ልማት እና ፓብሊክ ስርቪስ ጽ/ቤት ኃላፊ-----አባል፤
 - (ሸ) የከተማ ወይም ወረዳ ገንዘብ ጽ/ቤት ኃላፊ-----አባል፤
 - (ቀ) የሥልጠና ተቋማት ዲን -----አባል እና ጸሐፊ አባል፤
 - (በ) የኢንተርፕራይዞች ተወካይ-----አባል፡፡
- 2) ከአንድ በላይ የሥልጠና ተቋማት ባሉበት ቦታ ሁሉም የሥልጠና ተቋማት ዲን አባል ይሆናሉ፡፡

- 35. የቦርዱ ሥልጣንና ተግባር**
- ቦርዱ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-
- 1) ፖሊቴክኒክ፣ ኮሌጅ ወይም የትምህርት ሥልጠና ቴክኒክና ሙያ ተቋማትን ያስተዳድራል፤ ውጤት ተኮር ሥልጠና ተግባር ላይ መዋሉን ይመራል፤
 - 2) የሥራ ዕቅድ ያዘጋጃል፤ አፈጻጸሙን ይገመግማል፤
 - 3) በሥልጠና አካላት የተዘጋጀውን የሥራ ዕቅድ እና የዜጎች ቻርተርን ያጸድቃል፤ አፈጻጸሙን ይደግፋል፤ ይከታተላል፤ ይገመግማል፤
 - 4) የቅድመ ሥልጠና የገበያ ፍላጎት ጥናት ሥራ እንዲካሄድ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ ይደግፋል፤ ይከታተላል፤ ይገመግማል፤ የገበያ ፍላጎት ጥናት ሥራን በመገምገም ያጸድቃል፤ ሥራ ላይ ያውላል፤ እንዲውል ያደርጋል፤
 - 5) ሥልጠና ያጠናቀቁ ሠልጣኞች ወደ ሥራ እንዲገቡ ያደርጋል፤

- (c) Head of City Municipality or Head of Administration Office-----Member;
 - (d) Head of City or District Education Office-----Member;
 - (e) Head of City or District Labor and Social Affairs Office-----Member;
 - (f) Head of City or District Culture and Tourism Office-----Member;
 - (g) Head of City or District Public Service and Human Resource Dev't Office-----Member;
 - (h) Head of City or District Finance Office-----Member;
 - (i) Dean of Training Institutions -----Member;
 - (j) Representative of Enterprises-----Member;
- 2) Where there is more than one Training Institutions Deans of all Training Institutions shall be members.

- 35. Power and Duties of Board**
- The Board shall have the following Power and Duties:
- 1) Administer the Polytechnics, Colleges or Technical and Vocational Training Education Institutions; manages the implementation of result based training;
 - 2) Prepare work plan and evaluate its performance;
 - 3) Approve his work and Citizens Charter Plan prepared by the Training Institutions; support; follow up and evaluate its performance;
 - 4) Facilitate conditions for the pre-job training market demand assessment to be conducted; support; follow up same; analyze and approve the market demand of job assessment; implement; cause it to be implemented;
 - 5) Make the trainees that have completed the training to commence work;

- 6) Qorannoon leenjiin boodaa akka gaggeeffamu ni taasisa; bu'a qabeessummaafi ittifufiinsa leenjii bu'aa irratti xiyyeeffate ni mirkaneessa;
- 7) Leenjiin kennamu kamiyyuu leenjii walta'iinsa irratti kan hundaa'e akka ta'u ni hojjeta; ni deeggara; ni hordofa;
- 8) Leenjiin kennamu sirna leenjii-fi meeshaalee leenjii sadarkaa ogummaa isaa eeggatee irratti akka hundaa'uuf ni hojjeta; ni deeggara; ni hordofa;
- 9) Lammiileen leenjii pirojektii bu'uura godhate kan qulqullinaafi gahumsa qabu akka argatan ni hojjeta;
- 10) Ogummaalee bu'uura Industirii ta'an irratti leenjiin gaggabaaboo akka kennamuufi Madaallii Gahumsa Ogummaatiin akka xumuramu ni taasisa;
- 11) Tooftaa raawwii madda galii keessoo dhaabbilee leenjii ittiin guddisan ni diriirsa; hojii irra akka oolu ni taasisa; raawwii isaa ni madaala;
- 12) Deeggarsi Tajaajila Ekisteen-shinii Industirii paakeejii guutuu sochoostota interpiraayiziif akka kennamuuf haala ni mijeessa; ni deeggara; ni hordofa;
- 13) Teknolojiwwaan waraabaman, fooyya'aniifi kalaqaman interpiraayiziin Industiriiwwanitti ce'anii bu'a qabeessa ta'uu akka qaban ni taasisa; rakkoo muudatuuf furmaata ni kenna;
- 14) Dhaabbileen Barnoota Leenjii Teekinikaafi Ogummaa, Yuni-varsiitii, Dhaabbilee Qarannoofi Qo'annoo, Industiriifi dhaabbilee adda addaa walitti hidhatamiinsa akka qabataniif ni hojjeta; ni deeggara;
- 15) Diinii dhaabbilee leenjii qajeelfama filannoo bahu irratti hundaa'uun % 70 keessaa dorgomsiisee ragaa dorgomtootaa Biiroof ni dhiyeessa; dorgommii sadarkaa Biirootti qabxii % 30 irraa gaggeeffamu dabalatee kan dorgommii mo'ate simachuun ni ramada; ni deeggara; ni hordofa;

- 6) የድህረ-ሥልጠና ጥናት እንዲደረግ ያደርጋል፤ የሥልጠናው ውጤታማነት እና ቀጣይነት ላይ በማተኮር ያጸድቃል፤
- 7) የሚሰጠው ማንኛውም ሥልጠና ትብብር ላይ የተመሠረተ እንዲሆን ይሠራል፤ ይደግፋል፤ ይከታተላል፤
- 8) የሚሰጠው ሥልጠና በትምህርት ስርዓት እና ደረጃውን በጠበቀ የሥልጠና መሳሪያ ላይ የተመሠረተ እንዲሆን ይሠራል፤ ይደግፋል፤ ይቆጣጠራል፤
- 9) ዜጎች ጥራትና ብቃትን መሠረት ያደረገ የፕሮጀክት ሥልጠና እንዲያገኙ ይሠራል፤
- 10) የኢንዱስትሪ ውጤት በሆኑ ሙያዎች ላይ አጫጭር ሥልጠና እንዲሠጥ እና በሙያ ብቃት መመዘኛ እንዲጠናቀቅ ያደርጋል፤
- 11) የሥልጠና ተቋማት የውስጥ ገቢያቸውን የሚያሳድጉበትን ስርዓት ይዘረጋል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ አፈጻጸሙን ይገመግማል፤
- 12) የኢንተርፕራይዝ አንቀሳቃሾች የኢንዱስትሪ ፓኬጅ ኤክስቴንሽን አገልግሎት ሙሉ ድጋፍ እንዲሰጥ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ ይደግፋል፤ ይከታተላል፤
- 13) የተቀዱ የተሻሻሉ እና የተፈጠሩ ቴክኖሎጂዎችን ወደ ኢንዱስትሪ የተሸጋገሩ ኢንተርፕራይዞች ውጤታማ እንዲሆኑ ያደርጋል፤ ለሚያጋጥመው ችግር መፍትሄ ይሰጣል፤
- 14) የቴክኒክ እና ሙያ ስልጠና ትምህርት ተቋማት ከተለያዩ ጥናት እና ምርምር ተቋማት ጋር ትስስር እንዲኖራቸው ይሠራል፤ ይደግፋል፤
- 15) የሥልጠና ተቋም ዲን በሚወጣው የምርጫ መመሪያ ላይ በመመሥረት ከ70% በማወዳደር የተወዳዳሪዎችን ማስረጃ ለቢሮ ያቀርባል፤ በቢሮ ደረጃ ከ30% ነጥብ የሚካሄደውን ጨምሮ ውድድሩን ያሸነፈውን በመቀበል ይመድባል፤ ይደግፋል፤ ይከታተላል፤

- 6) Cause post training research to be conducted; approve the effectiveness of continuity of result based training;
- 7) Work for ensuring that the any training provided to be a training which based on agreement;support; follow up same;
- 8) Work; support; follow up to ensure that the training provided to base on the training system and training materials that meets his professional/skills standards;
- 9) Work for the citizens to get training which is based on projects, quality and efficient training;
- 10) Cause short term trainings to be provided on professions/skills which are the basis of industry and to be completed by the Professional Competency Evaluation;
- 11) Establish a performance mechanism whereby the Training Institutions can rise their sources of internal incomes; cause it to be implemented; evaluate its performance;
- 12) Facilitate conditions for the full support package of Industrial Extension Service to be provided for the operators of Enterprises; support; follow up same;
- 13) Cause the customized, improved and innovated technologies to be transferred to industries by theEnterprises and to be effective; give solution for the problems faced;
- 14) Work to ensure the integration of the Technical and Vocational Training Education Institutions, Universities, Research and Study Organizations Industries and other various Organizations; support same;
- 15) Dean of Training Institutions shall, based on the recruitment directive, conduct competition out of 70% and submit evidences of the competitors to the Bureau; accept and assign the winner of the competition in cumulative result including the competition to be conducted at the Bureau level out of 30%; support; follow up him;

- 16) Diinii madaalliin raawwii hojii isaa gadi aanaa ta'e, qajeelfamaafi hojimaata cabsee irratti yaada murtee ragaa waliin Biiroof ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u ni raawwata; ni raawwachiisa;
- 17) Seera hojjettoota Mootummaa Naannichaatiin ala, murtiiwaan dhaabbilee leenjiitiin kennaman irratti komii ka'u qorachuun murtii ni kenna;
- 18) Ulaagaa jiru irratti hundaa'uun guddina sadarkaa leenjistootaa ni murteessa; raawwii isaa ni hordofa;
- 19) Leenjistoota, sochoostoota interpiraayiziifi leenjifamtoota hojii isaaniitiin fakkeenyummaa qaban adda ni baasa; akka badhafaman ni taasisa; raawwii isaa ni deeggara; ni hordofa;
- 20) Tarsiimoowwan, istaandardiifi Qajeelfamoonni Barnoota Leenjii Teekinikaafi Ogummaa sadarkaa biyyaafi Naannootti bahan hojiirra akka ooluuf ni hordofa; ni to'ata; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
- 21) Asxaa Dhaabbilee Leenjii qophaa'ee dhiyaatuf xiinxalee ni mirkaneessa;
- 22) Hojiiwwan dabalataa Biiroodhaan kennamuuf ni raawwata.

36. Gahee Hojii Walitti Qabaa Boordichaa

Walitti qabaan Boordichaa gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Walgayii Boordichaa ni waama; ni gaggeessa;
- 2) Murtiin Boordichaa hojiirra ooluu isaa ni hordofa; ni to'ata;
- 3) Dhimmoota Boordicha ilaallatan irratti bakka ni bu'a.

- 16) የሥራ አፈጻጸም መመዘኛዎች ገዢዎች የሆኑ መመሪያዎችን እና የአሰራር ስርዓትን የተላለፈ ዲን ላይ የውሳኔ ሀሳብ ከማስረጃ ጋር ለቢሮ ያቀርባል፤ በሚጸድቅበት ጊዜ ሥራ ላይ ያውላል፤ ያስፈጽማል፤
- 17) ከመንግሥት ሠራተኞች ሕግ ውጪ በሥልጠና ተቋማት የተሰጠ ውሳኔ ላይ የሚነሳ ቅሬታን በመመርመር ውሳኔ ይሰጣል፤
- 18) ባለው መሥሪያቤት መሠረት የአሰልጣኞችን ዕድገት ይወስናል፤ አፈጻጸሙን ይከታተላል፤
- 19) በሥራቸው ተምሳሌትነት ያላቸው አሰልጣኞች፣ ኢንተርፕራይዝ አንቀሳቃሾች እና ሠልጣኞችን ይለያል፤ እንዲሸለሙ ያደርጋል፤ አፈጻጸሙን ይደግፋል፤ ይከታተላል፤
- 20) በሀገር እና በክልል ደረጃ የወጡ ስትራቴጂዎች፣ ስታንዳርድ እና የትምህርት ሥልጣን መመሪያ ሥራ ላይ እንዲውል ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፤
- 21) በሥልጠና ተቋማት በመዘጋጀት የቀረበሉትን አርማ በመገምገም ያጸድቃል፤
- 22) ቢሮ የተሰጡትን ሌሎች ተጨማሪ ተግባራትን ይፈጽማል፡፡

36. የቦርዱ ሰብሳቢ ተግባራት

የቦርዱ ሰብሳቢ የሚከተሉት ተግባራት ይኖረዋል፡-

- 1) የቦርዱን ስብሰባ ይጠራል፤ ያካሄዳል፤
- 2) የቦርዱ ውሳኔ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
- 3) ቦርዱን በሚመለከቱ ጉዳዮች ቦርዱን ይወክላል፡፡

- 16) The Dean shall submit to the Bureau the decision opinion corroborated with evidences on the competitor whose work performance evaluation is unsatisfactory, the directive and work practice he has violated; perform same up on its approval; cause it to be implemented;
- 17) Except the Civil Servants of the Regional State, examine the objection that arise against the decisions rendered by the Training Institutions;
- 18) Decide the level of trainers based on the existing criteria; follow up its implementation;
- 19) Identify the trainers, operators of Enterprises and trainees who are exemplary in their work performances; cause them to be awarded; support; follow up its performance;
- 20) Conduct follow up for the Strategies, Standards and Directives of Technical and Vocational Training Education issued at National and Regional levels; control; take corrective measures on same;
- 21) Analyze and approve the emblem of Training Educations prepared and submitted to it;
- 22) Perform additional tasks given to him by the Bureau.

36. Duties of Chairperson of the Board

Chairperson of the Board shall have the following Duties:

- 1) Call and held the meetings of the Board;
- 2) Follow up and control the implementation of the decisions of the Board;
- 3) Represent the Board on issues that concern the Board.

37. Gahee Hojii Itti Aanaa Walitti Qabaa Boordichaa

Itti Aanaa Walitti qabaa Boordichaa gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Bakka Walitti qabaan Boordichaa hin jirretti bakka bu'ee ni hojjeta;
- 2) Hojiiwwan dabalataa Walitti qabaan Boordichaa kennuuf ni raawwata.

38. Gahee Hojii Barreessaa Boordichaa

- 1) Barreessaan Boordichaa gahee hojii armaan gadii ni qabaata:
 - (a) Walitti qabaa Boordii waliin mari'achuun ajandaa walgahii Boordichaa ni qopheessa;
 - (b) Qaboo yaa'ii walgahii Boordichaa ni qaba;
 - (c) Ragaaleefi galmeewwan Boordichaa qindeessee ni qaba;
 - (d) Gabaasa raawwii hojii qopheessee Boordiif ni dhiyeessa.
- 2) Bakka Dhaabbilee Leenjii tokkoo ol ta'etti barreessaan Boordichaa Diinii Miseensota Boordiitiin kan filatamu ta'a.

39. Sirna Walgahii Boordichaa

- 1) Boordichi ji'a lamatti al tokko walgahii idilee kan qabaatu ta'ee, walitti qabaan yookiin miseensota keessaa harka 2/3 yoo gaafatan walgahii ariifachiisaan waamamuu ni danda'a.
- 2) Miseensota Boordichaa keessaa walakkaa ol yoo argaman walgahiin Boordichaa guutuu ta'a.
- 3) Murtiin Boordichaa sagalee caalmaatiin kan darbu ta'ee, sagaleen walqixa yoo ta'e yaadni walitti qabaan deeggarama murtii Boordichaa ta'a.

37. የቦርዱ ምክትል ሰብሳቢ ተግባራት

የቦርዱ ምክትል ሰብሳቢ የሚከተሉት ተግባራት ይኖረዋል፡-

- 1) የቦርዱ ሰብሳቢ በሌለበት እሱን በመተካት ይሠራል፤
- 2) የቦርዱ ሰብሳቢ የሚሰጠውን ተጨማሪ ሥራ ይፈጽማል።

38. የቦርዱ ጸሐፊ ተግባራት

- 1) የቦርዱ ጸሐፊ የሚከተሉት ተግባራት ይኖረዋል፡-
 - (ሀ) ከቦርዱ ሰብሳቢ ጋር በመመካከር የቦርዱን ስብሰባ አጀንዳ ያዘጋጃል፤
 - (ለ) የቦርዱን ስብሰባ ቃለ-ጉባዔ ይይዛል፤
 - (ሐ) የቦርዱን መረጃ እና መዝገብ አቀናጅቶ ይይዛል፤
 - መ) የሥራ አፈጻጸም ሪፖርት በማዘጋጀት ለቦርድ ያቀርባል።
- 2) የሥልጠና ተቋማት ከአንድ በላይ በሆኑበት የቦርዱ ጸሐፊ በቦርድ አባላት ዲን የሚመረጥ ይሆናል።

39. የቦርዱ ስብሰባ ስነ ስርዓት

- 1) ቦርዱ በሁለት በየወሩ አንድ ጊዜ መደበኛ ስብሰባ የሚኖረው ሆኖ፤ ሰብሳቢው ወይም ከአባላቱ 2/3ኛ የሚሆኑት ከጠየቁ እስቸኳይ ስብሰባ ሊጠራ ይችላል።
- 2) ከቦርዱ አባላት መካከል ከግማሽ በላይ ከተገኙ የቦርዱ ስብሰባ ምልዓተ-ጉባዔ ይሆናል።
- 3) የቦርዱ ውሳኔ በአብላጫ ድምጽ የሚተላለፍ ሆኖ፤ ድምጽ እኩል ከሆነ በስብሰቢው የተደገፈ ሀሳብ የቦርዱ ውሳኔ ይሆናል።

37. Duties of Deputy Chairperson of the Board

Deputy Chairperson of the Board shall have the following Duties:

- 1) Works representing the Chairperson of the Board in his absence;
- 2) Perform additional tasks given to him by the Chairperson of the Board.

38. Duties of Secretary of the Board

- 1) Secretary of the Board shall have the following Duties:
 - (a) Prepare meeting agenda of the Board by discussing over it with the chairperson of the Board;
 - (b) Take minutes of the meeting of the Board;
 - (c) Organize and maintain the evidences and files of the Board;
 - (d) Prepare the work performance reports and submit to the Board.
- 2) Where there are more than one Training Institutions secretary of the Board shall be selected by the Dean of members of the Board.

39. Meeting Procedures of the Board

- 1) The Board shall held its ordinary meeting once in two months; and an urgent meeting may be called by the chairperson or 2/3 of the members requests so.
- 2) Meeting of the Board shall be a quorum if more than half of the Board members are present.
- 3) Decision of the Board shall be passed by majority vote and the Chairperson shall have a casting vote in case of tie.

40. Teessoo Waajjira Boordichaa
 Waajjirri Boordichaa Dhaabbilee leenjii keessatti ta'ee, bakka Dhaabbilee leenjii tokkoo ol ta'etti, Pooliiteekinikaa keessatti, bakka Pooliiteekinikaa hin jirretti kolleejji miseensota Boordiitiin filatamu keesstti ta'a.

41. Faayidaalee Miseensota Boordii
 Miseensonni Boordichaa yeroo walgahii irratti hirmaatan kalfaltii tajaajila kan argatan ta'ee, haalli raawwii isaa Qajeelfama bahuun kan murta'uu ta'a.

Kutaa Torba

Tumaalee Adda Addaa

42. Dirqama Deeggarsa Kennuu
 Namni kamiyyuu hojirra oolmaa Dambii kanaatiif deeggarsa barbaachisaa kennuuf dirqama qaba.

43. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabanne

- 1) Dambiin Misooma Interpiraayizoota Maayikiroofi Xixiqqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 192/2009 Dambii kanaan haqamee jira.
- 2) Dambiin Mana Mareefi Boordii Dhaabbilee Leenjii Barnoota Teekinikaafi Ogummaa Lakkoofsa 109/2000 Dambii kanaan haqamee jira.
- 3) Dambiin, qajeelfamniifi barmaatileen hojii Dambii kanaan walfalleessan kamiyyuu dhimmoota Dambii kanaan hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

44. Tumaalee Ce'umsaa
 Dambiin kun ragga'uun duratti murtiiwwaan Dambiilee dura turaniin kennaman kan ragga'an ta'u.

40. የቦርዱ ዋና ጽሕፈት ቤት
 የቦርዱ ጽሕፈት ቤት በሥልጠና ተቋማት ውስጥ ሆኖ፤ ከአንድ በላይ የሥልጠና ተቋማት በሆነበት ቦታ፤ በፖሊቴክኒክ ውስጥ፤ ፖሊቴክኒክ በሌላበት ሥፍራ በቦርድ አባላት በሚመረጥ ኮሌጅ ውስጥ ይሆናል።

41. የቦርድ አባላት ጥቅማ ጥቅሞች
 የቦርድ አባላት ስብሰባ ላይ በሚሳተፉበት ጊዜ የአገልግሎት ክፍያ የሚያገኙ ሆኖ፤ የአፈጻጸሙ ሁኔታ በሚወጣ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል።

ክፍል ሰባት

ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች

42. ድጋፍ የመስጠት ግዴታ
 ማንኛውም ሰው ለዚህ ደንብ ሥራ ላይ መዋል አስፈላጊውን ድጋፍ ለመስጠት ግዴታ አለበት።

- 43. ተፈጻሚነት ስለማይኖራቸው ሕጎች**
- 1) የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት የጥቃቅን እና አነስተኛ ኢንተርፕራይዞች ልማት ደንብ ቁጥር 192/2009 በዚህ ደንብ ተሽሯል።
 - 2) የቴክኒክ እና ሙያ ትምህርት ሥልጠና ተቋማት ደንብ ቁጥር 109/2000 በዚህ ደንብ ተሽሯል።
 - 3) ከዚህ ደንብ ጋር የሚቃረኑ ማንኛውም ደንብ፣ መመሪያና ልማዳዊ አሠራሮች በዚህ ደንብ በታቀፉ ጉዳዮች ላይ ተፈጻሚነት አይኖራቸውም።

44. የሽግግር ድንጋጌዎች
 ይህ ደንብ ከመጽደቁ በፊት አስቀድሞ በነበሩ ደንቦች የተሰጡ ውሳኔዎች የፀኑ ይሆናሉ።

40. Address of the Board's Office
 Address of the Board shall be in the Training Institutions in cases where there are more than one Training Institutions, it shall be in the Polytechnics; and where there is no Polytechnic, it shall be in the College to be selected by the members of the Board.

41. Benefits of the Board Members
 Members of the Board shall obtain service payments when they attend the Board meeting; and its implementation particulars shall be determined by the Directive to be issued.

Part Seven

Miscellaneous Provisions

42. Duty to Cooperate
 Any person shall bear a duty cooperate in providing the required support for the implementation of this Regulation.

- 43. Inapplicable Laws**
- 1) Oromia Regional State Micro and Small Enterprises Development Regulation Number 192/2017 is repealed by this Regulation.
 - 2) The Technical and Vocational Education Training Institutions Council and Board's Regulation Number 109/2008 is repealed by this Regulation.
 - 3) Any Regulation, Directive and customary work practices which are in contradiction with this Regulation shall not be applicable on matters covered under this Regulation.

44. Transitory Provisions
 The decisions given as per the previous Regulations prior to the approval of this Regulation shall remain valid.

45. Aangoo Qajeelfama Baasuu
 Dambii kana raawwachiisuuf
 Biirichi Qajeelfama baasuu ni
 danda'a.

46. Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu
 Dambiin kun Muddee guyyaa
 14, bara 2014 irraa eegalee hoji-
 irra kan oolu ta'a.

Finfinnee,
Muddee 14 bara 2014
Shimallis Abdiisaa
Pirezidaantii Mootummaa Naannoo
Oromiyaa

45. መመሪያ የማውጣት ሥልጣን
 ቢሮው ይህን ደንብ ለማስፈጸም መመሪያ
 ሊያወጣ ይችላል።

46. ደንቡ ሥራ ላይ የሚውልበት ጊዜ
 ይህ ደንብ ከታህሳስ 14 ቀን 2014 ዓ.ም
 ጀምሮ ሥራ ላይ የሚውል ይሆናል።

ፊንፊኔ
ታህሳስ 14 ቀን 2014 ዓ.ም
ሽመልስ አብዲሳ
የአሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት
ፕሬዝዳንት

45. Power to Issue Directive
 The Bureau may issue Directive
 for the implementation of this
 Regulation.

46. Effective Date
 This Regulation shall come in
 to force as of 23rd December,
 2021

Finfine
December 23, 2021
Shimelis Abdisa
President of Oromia National
Regional State